GODAANNISA GODAANSAA



KUUSAA WALALOO

BARREESSAAN:
BEEKAA IJAARAA HORDOFAA

GULAALAAN:
HAMBAASAN GUDDISAA GALAA

BEEKAA IJAARAA HORDOFAA, Finfine Oromiyaa/2016 G.C

© BEEKAA IJAARAA HORDOFAA 2016

- Mirgi Abbentaa barreessaa seeraan eeggamaadha.
- All Rights Reserved.

Hub.: Kitaaba kana eeyyama barreessaa malee baay'isuu fi rabsuun, akkasumas waaabuun dhorkaadha. Garuu, madda heeruun waabeffachuun ni danda'ama.

Yaada qabdanii fi namoota rabsuu feetaniif teessoon:

Bilbila. +25191762494

_____KITAABNI KUN SIIF KENNAA KOOTI. KENNAANSHEE XIQQOO TAATUS, YAADANNOON ISHEE GUDDOODHA. YAADANNOO SEENAA, GODAANNISA GODAANSAA. YOOMIIF YOOMIYYUU, BARA BARAAN SIWALIIN HAA TURTU.

Mallattoo:_____

GODAANNISA
GODAANSAA

QABIYYEE

Baafata **Fuula**

Yaadannoo---------- I
Galata---------- II
Dhaamsa---------- III
Seensa---------- IV

1. Dhiiga Moo Bishaani?..... 9
2. Nurraa Haa Dhabbatu..... 10
3. Dubbadhu Finfinnee.....14
4. Qaanqee Bilisummaa.....19
5. Boonyekaa Gubannaanii..... 28
6. Hiyya Hindaanqoo Galgalaa.....36
7. Eenyutu Gumaa Baasa..... 39
8. Biyyeemoo Biyyatu..... 40
9. Qaroo Ija Keenyaa..... 43
10. Harmee Gootaa.....45
11. Hin Nyaadhu Foonkoo Muree..... 49
12. Gumaa Biqiltuukee..... 51
13. Koo Hin Kennu Kee Hin Fudhu.....54
14. Duris Nuuf Hin Tolle..... 58
15. Hin Ta'uuf Malee Silaa..... 60
16. Ka'aakaa Oromoo..... 62
17. Dachee Mana Hidhaa..... 64
18. Du'u Moo Ajjeesuu?..... 66
19. Maal Nuu Wayya Dhiiroo?..... 70
20. Aduu Waaqaa..... 71
21. Galata!..... 73

BEEKAA IJAARAA HORDOFAA, Finfine Oromiyaa/2016 G.C

Yaadannoo!

Dhiigaan, gumaa dhiigaa deebisuudhaaf gootota keenya bahanii galuu dadhaban, barattoota ilmaan Oromoo, Oromummaa isaanii qofaan diina dura dhaabbatanii daangaaf dagatama dachee isaaniif osoo falma hadhaawwaa gochaa jiranii harka diina gabroomfataatti lubbuun isaanii dabarteef, maatii ilmaan isaanii barnootaaf erganii dhalli isaanii baatee karaatti haftee ijji isaanii halaala ilaalaa hafeef, akkasumas warra gogaa hoolaa uffatee diina hoolotaa jidduu taa'uudhaan hojii boonsaa dalagaa turanii fi jiraniif ; Warra osoo biyya dhalootasaa jaallatuu akka nama jibbeetti dirqamaan jibbamee galtuu biyya ambaa ta'uuf dirqamee fi biyya abbaakoo osoo jedhuu yeroon jalaa dheerattee fuullisaanii imimmaaniin dhiqamaa jiruu fi warra waraansa diinaatiin madaa'ee *‘Godaannisa Godaansaa’* ofirraa qabu hundaaf ulfi waggaa dheeraatti gadi ba’ee, mul'ate kun yaadannoo seenaa haa taatuuf, jechuu malee galaa firaa kan biraa maalan qabaree dhiiroo!!!!.

GODAANNISA GODAANSAA

Galata

Kan uumee nama nataasise Waaqa Gurraacha garaa garbaa, isa tokkicha maqaan dhibbaa hundumaa durseen hooqubaa laadhaaf. Itti aansuunis guddadhee nama ta'ee akkan argamuuf kan natti dhamaatee na guddifatte harmeekoo harma dachaa Joorgeekoo Intala Fiixaa tiif galannikoo jechaan waan natti xiqqaatu natti fakkaata. Harmee!..akkuma anaaf jettee saree taate anumaanis hanga namummaankee lallabamutti uumaan umrii siifaa dabalun siin jedhakaa.

Ulfakoo Waggaa hedduu, bu'aa imimmaankoo bara dheeraa, dhamdhamee itti dhama'ee, dhiibee dhidhiibee osoo itti hin dhibaayiin, ija Ogummaasaatiin gulaalee funaanee akka ishiin mul'attu kan taasise, Hambaasan Guddisaa Galaatiif galannikoo onneekoorraa itti dhangala'a. ''Lafa garaakee ga'i!''n jedhaan.

Bu'aa ba'ii jiruu fi jireenyaa kitaabni kun baatee natti dhufe hundasaa akkan jabaadhee obsuuf kan lafee cinaachakootii baatee, cinakoo turtee anas tatee, anaafis taate hiriyaakoo Masii Damisee-tiifis galannikoo guddaadha.

Imimmaan koo naaf hirmaachaa kan turte Obboleettii tiyya Qananii Ijaaraatiinis galatoomii, umrii naadheeradhuun eebbakooti.

Hiriyoottankoo yaadaaf waan biroon nabira dhaabbattan hundi keessan galata guddaa narraa qabdu; onnee koorraan sin jaaladha.

Namoonni gama hundaan cinakoo dhaabbattanii namummaakoof tumsitan hundi galata argadhaa.

BILISOOMAA!!!

DHAAMSA

Namni akka seera uumaatti ji'a sagalii fi bultii shanitti dhalata. Kan koo garuu kanarra darbe. Waanti garaatti hafe du'aas ta'u gu'aa gaariis ta'u yaraa osoo yeroosaatti nama keessaa bayee akkam namatti tola tureree? "Akka garaa ta'aaree marqaan galaa ta'aaree, yerooshiitu tura malee.....oolaaree?" jechuun kanuma akka kiyyaa kana jajjabeessuuf waan jedhame natti fakkaata. Fakkaataas mitiree! ....

Maarree dhiiroo ulfikoo kun yeroosaa dabarsee asii fi achi nadaddarbachaa hamma asiin nagayetti burree fii buburree meeqaaf meeqa nadoowwachiise. Aduu bari'uu hin oolletu of nakomachiisee aduu dukkanooftuu najechisiise. Saree nataasisee harka namaa na eeggachiise. Dukkanaa'ee na golgee tarree namaa keessaa bayiif natti game.Namaaf dhalatanii akkamittiin tarree namaarraa maquree? Osoo akka dhaadannootii leencuu silaa bosona keessatti dhokatuyyuu hin argatu ture. Leenci leencuma ta'eetu hololtuu saalfachiisee bakka jiru jiraata malee. Anis egaa maarree osoo akka dukkanicha baraatii silaa tarree namaarraa maqeen ture. Anis anuma innis isuma, isaanillee isaanuma taanaan baraan bara lakkoofnee walumaan as geenye malee. Dhalachuun koo qaata. Mul'achuukootu har'a ta'e malee. Bara dukkanaatu Addunyaa qofa galeessa keessatti na fudhatee ture. Har'ayyuu walii galteeshii diigeen; daangaankoo cabnaanan daangaa cabsee dhufe malee osoo akkashiitiiwoo dhalashii ta'een hafature. Waldhaansoo jireenyaa ittuma ciman malee hanga addunyaa lammaffaatti namarraa hin cittu. Cicciranii of duuba deebisan garuu warruma ofirra ciisanitti deebiti. Ani mucaa omaa tokko hin beekne ta'uyyuu waan namni hin beeknemmoo beekuun danda'a. Ammam barattee jennaan

amman bare hundasaa jechuudha. Beekaan ammuma beeku beeka. Kan hin beeknemmoo nibarata. Egaawoo yaa qomookoo ani addunyaa qofaatti naakennamtee turte sana keessa taa'ee, "*Nurraa Haa Dhabbatu!*", kan jedhu barruu tokko abjoodheen ture. Nama abjuukoo itti himadhee naa hiiku hin arganne. Ciniinnadheen obsee bira tare. Qabsooshiitiin osoon guggubadhuu ammas barruu biroo kan "*Abdiimoo Abidda ?*" jettu xumureen nama naa hiiku dhabee morma koo cabsee ija namaa ilaaluu mitii namattuu mul'achuun salphina natti fakkaatee dhiise. Abjuunkoo sadeesso ba'aa ofirraa buusuuf waa hundumaa ilaalee ciniinnatee as ba'e. Abbaa mul'ata sobaa ta'uun hanga yoomiittiree silaa! Waan nurratti fe'ame ilaalee dadhabnaan "*GODAANNISA GODAANSAA*' kan jedhu abjoodheen fala falaasama kiyyaa argadhe. Tarreen hin seentu jedhame san waanan seenes natti fakkaate. seeneeras. Dhiiroo! Beekaan beekamtii waan argateef malee beekaan beekaa caalu addunyaa dhokattuu ishiin ani didee dhufe sana keessa jira. Achi keessaa imimmaansaa cobsee cilaancillii abdii boruu halaalatti ilaala. Kanumaafuu egaa yaa tiruuwwankoo lammii keenya kana duuba deebinee osoo yaadachaa deemnee irra biddeen furdaa arginaa laata jedheen yaada. Maqaaf qofa miti. Seenaadhaafis malee! Ofiif qofa miti foonkeetiifis yoo taatedha malee. Yaa lammiikoo Oromoo! seera qofa sodaachuurra seenaas akka hin badne sodaachaa yoo deeman tola. Hayyoota abdii borii akka ciracha galaanaa oomishuun salphaadha. Waliif yaaduu fi wal yaadachuutu nutti ulfaateef yoo ta'e malee. Ani kanuman jedha. Itti citaniitu citaa haammatu.

Anuma! Barreessicha, Oromoodha!

BILISOOMA!

Seensa

Gaafa beela'an nan quufa hin se'an, gaafa dhaban nan argadha hin se'an, gaafa dukkanni dheeratu ifti dhufa hin se'an, gaafa gabrooman waanjoon gabrummaa waan namarraa burkutaa'ee badu hin se'an, ani bar ....yaa lammiikoo Oromoo...asan gahaaf hin hojjenne, as geenyaanan gammadees gaddees waanuma hunda waliin maka, nama garaan gubateen abidda hoodhu jechuun ittumaa guggubuufi garaan koo abidda qabsiisee nawaxallaan malee waa beekeedhaaf waanan jedhe hin jenne. Jechakoo keessattis ijji ogummaa waan natti hir'attuuf waa hedduu dogongoreera ta'uu danda'a. Kanaafuu, egaa maarree isin daawwitii koo taatanii akka nasirreessitan abdiif imaanaan kooti. Daa'imni gaafa ijoollummaashii waan baay'ee borciti. Kan sirreessee guddisummoo abbaadha mitiiree qomoo!? Kanuma abdadheen anis kunoo kitaaba walalookoo ishii madaa maddii keenyarraa ibsitu, "GODAANNISA GODAANSAA!" jedhee barreesse. Gabrummaatu nurra ture. Baannee deemuu dadhabne. Keessummaa, galatu mi'eessa isa Oromoon jedhutu cabe. Keessummaa galuu hin beeknetu miilla nadhiqiidhaaf miilan nurra dhaabbate. Hacuuccaatu mana nurratti ijaarrate. Roorroon alagaadhaa “Godaannisa Godaansaa” nuuf kudhaamte. Ilaalee dadhabeen baafadhee dubbadhe. Madaa garaa keenya, Godaannisa dubbachuun rakkoodha kan jedhu yoo jiraate jiraa nu awwaala. Yoo jiraa awwaallamne seenaatu seera cabsa. Kanaaf yaa qomookoo, Godaannisni Godaansaa galaa siniif haa taatu. Imalli keessan ana Godaannisa Godaansaa waliin haa taatu. Yaadaa fi qeeqa keessaniin narraa hin fagaatiinaa

Dubbisa gaarii! Horaa Bulaa Deebanaa!

BILISOOMAA!!!



DHIIGA MOO BISHAANII

Kan dachee uffisee, baayetee nut huurse

Sagaleen iyyasaa, kan biyya naasisee

Kan lubbuu namootaa, fixeetoo callisee

Kan qorannoo baraa, jalaatii of dhoksee

Kan maqaasaa sirriin , waamamnaa callisee

Dhiigamoo bishaanii, kan dachee uffisee.

Abidda saroonni, qabsiiste baqatee

Kan bosona jiru, waan qabu fudhatee

Yoo achii utaalu, qeerransi mufatee

Leenci shiboo diigee, caraanee dhaadatee

Diinasaa yoo ciru, haati leencaa baatee

Miidhamuu ilmashiif, mar'immaan hoollatee

Isa lakkuu lakkuu, ofirra lolaastee

Dhiigamoo bishaanii, kan booche haati naate!?

Nurraa Haadhaabbatu!

Sanyii maqaa dhahaa, sanyii barbadeessuun

Misooma jedhanii, hololaa odeessuun

Biqiltuu ciranii, lafarraa balleessuun

Hayyuu beekaa ofii, biyyarraa fageessuun

Gaaffii mirgaaf jechaa, mana hidhaa geessuun

Mana namaa diiguuf, lafarraa godaansuun

Ilmoo gorra'anii, haadhammoo gadachuun

Dhiiga barataatiin, aspaaltii eebbisuun

Gantuu olkaasanii, dhugaammoo awwaaluun

Gaaffii dhugaa jiruun, shororkeessaa jechuun

Nurraa haadhaabbatu, barataa ajjeesuun.

Uummata mirgasaaf, "uuu..uuu", jedhee iyyuu

Rasaasaan doorsisuun, haagawu ammayyuu

Nurraa haadhaabbatu, dararamni hayyuu

Kana ta'uu baannaan, ni dhumna yoomiyyuu



Duubatti hin deebinu, lubbuu hin mararfannuu

Biyya keenya murree, diinatti hin laannuu

Biyya Abbaa keenyaaf, ni duuna yoomiyyuu

Nurraa haadhaabbatu, dhaadannoon kamiyyuu!

Duguuggaan sanyiidhaa; saamuun lafa jiidhaa

Ajjeefamni Oromoo; booyichi Ija Haadhaa

Dhaadannoon alagaa; roorroon Habashaadhaa

Beektota ari'uun, ni gaha siriidhaa

Innuu biyyasaatiif, leecalloo guddaadhaa

Nurraa haadhaabbatuu, olka'aa falmadhaa.

Roorroon waggaa dhibbaa; ajjeechaan Oromoo

Booyichi Haadha deessee; hacuuccamni qomoo

Reebichi barataa; ijaaramuun gamoo

Guddinni magaalaa; goyyomsaan beekamoo

Finfinnee cirachuun; saroota baar-gamoo

Nurraa haadhaabbatu; iyyadhaa Oromoo!

Jechi '*Abbaaytsehaayyee'*; nu gubeera baay'ee

Balalichi jeettii; gara barataattii

Kan elekooptarii; tasa hin qabne marii

Gochaan Agaazichaa; gubeet nu gadachaa

Sobni Abbaa Duulaa; jiraa nu awwaalaa

Galtuun Muktaar Kadir; guddifachaadhaa bar

Eenyutu nuu hilaa; hunduu gama ilaalaa

Yeroo Tigreen dhufee; Barataa ajjeesuu

Urjii sararatee, Aangoon yoo of boonsu

Keenya duuba kaatee, yoo ulaa agarsiisu

Nurraa haadhaabbatu, gantuun nu haadhiisu!

Bahaaf gala keenya, maaliif agarsiisaa

Maraatichi gantuun, ni beekaa mataasaa

Eenyun garaa ga'uuf, eenyummoo ajjeesaa



Taaddee moo Goobanaa, himachuuf maqaasaa

Goota fakkaachuufoo, diina of taasisaa

Mee nurraa kadhadhaa, gorfadhaa firrisaa

Sinis eenyu malee, gantuu akkumasaa

Nurraa haadhaabbatuu ; maaloo mee nudhiisaa!

DUBBADHU FINFINNEE !

Finfinnee... Finfinnee...Shaggar...Addisaabaa

Maqaa fi seenaakee eenyut' harkaa qabaa

Galmee jijjiirrattee maqaankee nadhibaa

Teessoo nama guddaa; walgayii waan hundaa

Haammattee kan baattu; isa gaariif badaa

Isa gubboo nyaatu, kan gubatee laatu

Hiyyeessa boochisee, kan kaaniif birmatu

Dafqa ilma namaa, kan haadheetoo nyaatu

Hundumtuu finfinnee, si keessa jiraatu!

****

Haadha hundaa taatee, harmakee hoosiftee

Gurraachaaf diimaa, fayyaaf kan maraatee

Sabaa fi sab-lammii, hundumaa haammattee

Kan biyya hambaa dhufes, gammachuun simattee

Ishii biyya keessaas, diqaalaa kee baattee



Hundumaa guddiftee, cinii irraa harcaaftee

Golakee ilaalchisuuf, karra jalaa bantee

Ajab! Yaa Finfinnee; Biyyee Biyya taate.

Garuu... Garuu... Garuu...

Garuu yaa Finfinnee, dhalakee dagattee

Alagaadhaaf jettee, nu’iin nu awwaaltee

Keessummaatu dhufee, narraa ka'aa jettee

Nu’iin ijoolleekee, garaatti jabaattee

Dhala keenya wajjiin, goodaa nubulchitee

Komii qabna sirraa, maa nutti callistee!?

Dubbadhu Finfinnee, gaaffii qabna sirraa

'Ati kan Eenyuutii?', nutoo keenya jennaa

Dhalakee caalaawoo, diinat' sirra jiraa

Maqaa siif baasanii, dabareen wal furaa

Lagatti naqanii, ijoollee kee maraa
Dubbadhu Finfinnee maaltu afaan si jiraa!?
Maali Maaf Callistee, dubbadhu Adaraa!
Afaanii baafadhuu, dhalakee himadhuu
Sitti hiyyachaa jiru, mee deebii itti laadhu!

Finfinnee!?
Dachee maaf callistee!?
Afaan ijoollee kee, tasa ni wallaaltee!?
Afaan alagaatiin , 'Kiristinnaa' kaatee
Maqaa hammachiisaa, erga moggaafattee
Nu dagattee maaloo, Finfinnee maaltaatee!?



Ilmoon dhala namaa, kan rakkoon darare

Kooluu sitti galee, biyyasaas abaaree

Si naaf wayya jedhee, sitti of mararee

Beelaaf saaxilamuu, jalaa of baraaree

Mataasaarra darbee, firasaa gargaaree

Gamoowwan dhedheeraa, sirratti ijaaree

Kadhachaa as gayee, kadhattuus abaaree

Meedhuguma dachee, Finfinnee nan aaree

Hin maraatee jettee, na'n taajjabiin kaaree

Dhugaatu dhokatee, ilmi abbaa abaaree

Bara garagaltoo, mee natti himikaaree

Kan hiyyummaatti hafe, sikeessa jiraaree

Yoo dhalakee malee, kan Waaqni abaaree!?

Kan kee nama dhibaa, baay'ee ajaa'ibaa

Guddistuu alagaa, alagaa isa dabaa

Hundumaa guddistee, hundumtuu siqabaa

Atoo mee eenyu qabdaa?, himi maaf sidhibaa!?

"Mixii fi Keessummaaf, mana hin gadhiisanii"

Jedhu abboonni keenya, Yeroo Mammaakanii

Finfinnee natti himi, gaaffiin qaba anii

Ati kan eenyuutii, eenyuun siwaamanii!?

Haadha saba hundaa, haati kee eenyunnii!?

Galtuun heddummatteef, kankee hin dagatiinii

Eenyufaa guddistee?; kankeewoo eenyunnii?

Jedhikaa dubbadhu!; dubbii hin saalfatiinii

Jarri tokko mitii; nadhibe deebiinii

Deebiikee nuulaadhu, wal nun nyaachisiinii.



QAANQEE BILISUMMAA

Yoom nama seenaa taanaa

Yoom seenaan nu yaadataa

Eenyu gumaa nuu baasaa

Maaliin gadoo deebisaa

Hunduuwoo gumaa nyaataa

Ta'uudhaaf warra abaarsaa

Kan keenyas numaaf diinaa

Diinnisoo numa ajjeesaa.

Maali dubbiin fuggisoo

Naangallee furmaannisaa

Dhiigaan dhiiga’n miiccanii

Mee of baraatii nudhiisaa

Afaan qawwee keessanii

Achi nurraa jallisaa

Hanguma yoomitti,

Sanyii keenya mancaasaa.

Maaliree yaa Oromoo, dubbiin kun akkam ta'e
Keenya hin ajjeesumoo, rasaasni yoo dhuka'e
Yookiinis loltuu keenyatu, diinummaan nutti ka'ee
Egaawoo dadammaqaa, gabrummaanis nuga'ee!

Kaʼaa hiddaan buqqifnaa, bara hedduu nurra taa'ee
Hunduu falmeetu dhiiroo, bilisummaaf kan ga'ee
Kan keenya maal yakkeree; hoolaa haraaraa ta'ee
Waggaadhuma waggaadhaan; dhiigni maaliif lola'e
Maaliif hin walaboomnu; shira badii maaf ta'ee!?

Nutʼ akka warra badii; maaliif waliin hubannuu
Diina walitti taanee; dudduuban kan wal nyaannu
Nutis maaʼn falmannu, maaf kaanee ʻuu…'n jennu
Waraabuu jalaa baanee, bulguudhaaf kan bitamnu



Gadhoota jala deemnee, amma of nyaachaa bullu

Maaliif garaa nu’n aaru, maa’ ofirraa hin mancaafnu

Cirree… cirree… ciccirree, maa’ gadoo keenya’n baanu

Gumaa gootota keenya, maaliif nuti’n deebisnu

Qaanqee bilisummaatiin, maaliif biyya’n ijaarru!?

...uu…uu" jedhaa iyyaa; harka Waaqitti olkaasaa

Barumaan bara eegnaa; diinni nurraa bookkisaa

Dhumnee dhiigni lola'ee; taane hirbaata rasaasaa

Oromoo maa callisnaa; duroo gadaat’ nu kaasaa

Har'ammoo wal qoqqooduun; diinaaf nu gugguufsisaa.

Gaaffiitu gaaffii ta'ee, naaf hin galle deebiinsaa

Dabareen bara eeguun, yoomiyyuu nu dhibeessaa

Walqoodinsa dhiisaatii, maaloo mee wal dammaqsaa

Lafa keerratti dhumtee, akkamiin riphxee teessaa.

Ambo koo biyya dhiiraa, maal jetturee deebiisaa
Warra diinaaf hin bulle, sanyiin warra qeerransaa
Of harkaa dhabdan malee, akka isaanii rasaasa
Diinaaf harka hin kenninee, seenaatu isin faarsaa.

Daa'immantu falmate, dhoowwate lafa abbaasaa
Taltalleerraan ol ba’ee, Awwaaroon gadi yaa'ee
Naannoo mudhii goototaa, Hulluuqaatti wal ga'ee
Ni baroodekaa Amboo, Dacheesaarra naanna'ee
Gudaris irraa hin hafnee, Jalduu fii Gindoon ka'ee
Warri Dirree Hincinniis, hundumtuu waliin ta’ee
Oolankomiinis bayee, daandii cufuutti taa'ee.

Yeroo sanaa eegalee, Diinni ni burjaaja'ee
Shororkeessaadha jedhee, saba mirgasaaf ka'ee
Warri Amboos hin callisne, diinaafis harka hin laanne



Baabbichaa wal dammaksee, Midaaf Geedootti labsee

Iyyaa iyya dabarsaa, sagalee dhageessisee

Fincila daran cimaa, Wallaga qaqqabsiisee.

Booree baatanii ciisuun, Wallaggaafis safuudhaa

Jabana taate malee, Oromoon koo gootadha

Biyya Abdiisaa Aagaa

Eenyutu tuffii dhaqaa

Biyya Abiishee Garbaa

Eenyutu diinaaf dhooqaa

Ni finiinsankaa qabsoo

Qabsoo diddaa gabrummaa

Diina qawween dhaadattu

Rom'isiisuun ammumaa

Jechaatii baroodankaa

Callisus warri Jimmaa

Wallaggaa maal jetturee

Harargee wal dammaqsaa

Yoom isinii fayyitee

Madaan keessan kaleessaa

Dubbii calii calanqoo

Eenyut haguugee dhoksaa

Bara baraan dhumaatii

Eenyut wal jiraachisaa

Jedhee walitti labsee

Oromoon wal dammaksee.

Oromoon biyyaan alaa

Keessaas lafa sochoosee

Sanyiin Bakar Waareedhaa

Wayyaanee gugguufsisee

Dubartiin dhiira caaltu

Qawwee saa gachisiistee

Muka tumaatiin dhooftee



Diinarra nu aansitee

Gumaa Bakar Waareedhaa

Injifannoon mul'istee

Diina qawweedhaan lolu

Harka duwwaa salphistee

Galatakeen sii galcha

Aayyoo na boqochiistee.

Arsii warri Dodolaa

Aanolee maaltu caalaa

Hunduu tokkummaan ka'ee

Diina isaa albeen qalaa

Harma muraa Aanolee

Akkamiin biraa galaa

Siidaa diinaa olkaasee

Akkamiin taa'ee laala

Irratti bayee sirbee

Siidaa diinaa buqqisee

Alaabaa bilisummaa

Irra dhaabee mirmirsee

Akkasiin warri Arsii

Garaa nu qabbaneessee.

Warri Baalee baranaa

Cimnee waliin dhaabbannaa

Sanyii Waaqoo Guutuudhaa

Maa walbiraa wal dhabnaa

Tokkummaan waliin kaanee

Walumaan Bilisoomnaa.

Wallootti ol naa dabrsii

Oromoon tokkichumaa

Booranaaf Gujiinisii

Warra hangafa gootaa



Salaalekoo naa faarsii

Taaddeekoo fii Hagarii

Sanyii gootaa dubbisii

Warra ol qabee dhaabu, Alaabaa bilisummaa

Warra ifaan falmate, mirga abbaa biyyummaa

Warra gubee facaasee, abidda bilisummaa

Akkaman hin faarsuree, nankaasa ammaa ammaa.

Warra Garasuu Dhukii, warra diina jaanjesse

Uummanni guyyaan bayee, warra halkan taasisee

Otoon faarsiin hin darbuu, seenaatu naa galmeessee

Bor seenaan nagaafataa, Walisookoo yoon an dhiisee.

GODAANNISA GODAANSAA

Imimmaan imimmaanii, boonyekaa gubannaanii

Akkamiin callisnaree, qalamnee akka re’ee

Biyyarraa ari'amnee, joorreetoo akka saree

Biyyee biyya abbaa keenyaa, arguutu numararee

Joortuu biyya ambaa taanee, akka ilma abbaan abaaree

Gabrummaan keessaaf alaa, waan hedduu nu dararee

Osoo ilaalluu du'uuf lubbuutu nu mararee

Wal qabanneet’ boonyekaa, maalis ofii goonaree.

GODAANNISA GODAANSAA

Huggum yaa gammoojjiisaa, deemsa lafoo godaansaa

Diina ofirra eeguu, wayyoo bir'annaasaa

Bishaaniif midhaan malee, halkan guyyaa deemsasaa

Lafa goraan hin jirre, garaan akkam callisaa

Ijjis osoo ilaaluu, akkamiin obsee dhiisaa

Gadadoo fii beelasaa, dhabaafi rakkinasaa

Seenaa isa darbeef dhufu, garumatti hasaasaa

Yeroo kana hin boonyuuree, garaa kamtu callisaa.

Boonyekaa xuruurfannee, imimmaan lakkuu lakkuu

Harmee jechuun hin jiruu, Abbaanis nama hin argu

Biyya badhaatuu irraa, sanyii keenya duguuguu

Afaan qawwee kaasanii, lafa keenya nu laguu.

Teessee gaafa itti yaaddu, garaa maaltu sii obsaa

Ija akkamiitu, obseetoo sii callisaa

Biyyakeerraa foon muruu, siin xanneetu sijjeesaa

Barnootaaf manaa baateet, taata irbaata rasaasaa

Harmeen dhufee si eegdii, siin sareet siirra marsaa

Akkamiin itti himuu, harmeekeetti mardoosaa

Mee eenyu nyaachisti, nyaata siif dhiheessitee

Eenyu irra teechistii, teessoo siif qopheessite

Ammaa amma hin boossuuree,

Aayyoon haati sideesse

Kanumafaa agarree, boonyeetoo xuruurfannee

Dhiiga lola'ee ciisu, ijaan laaluu dadhabnee.

Reeffa lammii dhumanii, allaattiin marfamanii

Akkamittiin callisuu, kana ijaan ilaalanii

Boonyeekaa xuruurfanne, du'uutu nudhibnaanii.

Maali dubbiin falfalaa; jenneet’ deemne halaala

Uumaasaa lama buluuf; jiraachuuf biyya alaa

Biyya abbaa keenyaammoo; Of duubatti ilaalaa



Nuu darbaaf daarree dhaqnee; qalamne akka hoolaa.

Haati ilma tokkichaa; miidiyaarra ilaalaa

Booyichaan gadooddekaa; dubbiin dubbii dabalaa

Akkamiin callisnaree; qalamnee akka saree

Dhiigni keenya lola'ee; foonkeenya daaraa ta'ee

Gubannee waaddii taanee; nuudarbaaf biiyyaa baanee

Lafa yaadne osoo hin gayiin; irbaata diinaa taanee.

Maatiinis nu eeggata; achi jiru nuun jedhee

Hoolaa araaraa taanee; carraan kana nugodhee

“Uuuu…” jedhaa nuu iyyaa; lammii maa callistuu

Har'aaf of seetan malee; bor sinis kanaaf deemtuu

Tokkummaadhan qabsaa'aa; lammiikoo maa callistuu?

GODAANNISA GODAANSAA

Maal jennu yaa mootummaa; situu biyyaa nu baasee

Reeffa keenya nyaachuudhaaf; soba dhugaa fakkeessee

Lammiikoo biyya keessaa; situ ciree balleessee

Haadhaa fii abbaa kiyya; dacheesaarraa buqqisee

Kadhattuu kara deemtuu; si nurratti moosisee

Oromoo abbaa biyyaa; biyyarraa godaansisee

Seenaatu sitti iyyaa; gumaa lammii deebisee

Hololakee isa sobaa; bukookee sii mul'isee

Katee kee isa dalgaa; soqolee si salphisee

Addunyaatti sii himaa; tokko lamaan barreessee.

Sobduu abbaa hololaa; odeessituu ishii golaa

Kan ormaa daangaa eegaa; kankee lammiisaa qalaa

Obboleessasaarratti; qawwee dukaasaa oolaa

Gatii rasaasaa jedheet; reeffa haadhoo gurguraa



Doofaa muka goggogaa; tortoraa abbaa garaa

Isa garaansaa hin aarree; ganticha bara baraa

Sanyii goobana daaccee; warra buqqee tortoraa

Qophaa'iitii na eegi; seenaakeen sii sararaa.

Kan dhalootatti darbu; ceephoo isa yeroo maraa

Mee haagawuu nudhiisaa; lammiikoo wal mararaa

Mee maaliif wal boochisnaa; maa taana haadha garaa

Diina jala qurquree; maa lammiin wal gurguraa

Kanatu naboochisee; na guggubeetoo garaa.

Harargee wal kakaasaa; Gujiittis mee nuu labsaa

Baale gumaa Waaqootiif; akkam garaankee obsaa

Leenca daggala raase; hin baatuufii gadoosaa

Macca atis dammaqxee; labikaa Mogor keessa

Gujiinis duruu gootaa; mee labsii itti labsaa

Biyya diinaan marfamte; Karrayyuukoos naa cimsaa

Alagaadhaan dhaalamtee; Walloodhaaf na bobeessaa

Haleelikaa Oromoo; yaasi biyyakee keessaa.

Dhiigashii dhangalaasi; diinakeetiif maa ustaa

Olkaasi alaabaakee; ifa baasi seenaakee

Cunqurfamuu itti dhiisi; kankee godhi biyyakee

Tokkummaadhaan hiriiri; eegi daangaa biyyakee

Gantuu of keessaa baasi; deeffadhu gadaakee

Yoos bilisummaan dhufaa; faffacaasi qaanqeekee.

Labsii walitti labsi; seenaakee wal barsiisi

Harma muraa aanolee; daawwitiisaa mul'isi

Wallaalaakee gorfadhu; doofaa jechuukee dhiisi

Beekaanis of hin tuuliin; beekumsaan nujabeessi

Dhaqii bira dhaabbadhu; yoo sodaate dabeessi

Gattee bira hin tariinii; duratti isa harkisii

Mee nurraa haadhaabbatu; lagaan wal qooduunisii



Kaabaaf kibba jedhanii; amantiinis akkasii

Innuu ofiin of baraa; seenaasaa itti ibsii

Jaalalaa fii tokkummaan; bilisa bawuunisii

Haala kanaan qabsaayii; biyya walaboomsii

Qaanqee bilisummaatiin; ifaa biyyaa qabsiisi.

Kana dhabeetan booyee; baay'ee garaan na na’ee

Dhiiga lola'u laalee; kan du'ee biyyee ta’ee

Hinboonyukaa kanarra; Yoo biyyi keenya ta'ee

Biyyee biyyasaarratti; gaafa hunduu deebi'e.

****

IYYA HINDAANQOO GALGALAA

Uumaan uumee hundumaa; irraaf jala itti godhee

Seeraa uumaaf uumamaa; tokkorraa adda godhee

Hundaafuu seera kennee; safuuf safaraa jedhee

Waraabuun guyyaa hindeemiin; lukkuu galgala'n hiyyiin
Sareedhaan suuta hin deemiin; qocaa hin ariifatiin

Jedheetu seera tumee; Waaqni gaafa hunda uume.

Garuu..... garuuu...garuu...

Garuu inni baranaa; waraabu guyyaa deema

Nama nagaan horiisaa; eeggatutti achi gamaa

Sanyii'n badne balleessuuf; saafaadhaan bayee deemaa

Lukkuun kormaakoos maarree; kanuma ilaallatee

Galgalaan iyyuu qabee; yeroosaa jijjiirratee



Dubbiin bara farrootii; garagaltoo baraatii

Garagalchuudhaaf deema; waraabu ishii raatittii

Ishii guyyaa sussuktu; ishii sanyii buqqiftu

Garagalchuu barbaade; lukkuunkoo yoo dubbatu

Kanaaf yeroo isaa dhiisee; jal'uudhaan iyyuu fide

Waraabuun guyyaa hin deemiin; jennaaniin dura didee

Bara kufaatii faarsu; kanaaf lukkuun koo fidee.

Haa iyyu mataashiirraa; ammas maaliif callisaa

Haga ijaan argutti; kufaatii waraabessaa

Waraabu ishii raatuu; Ishii fixxe sanyiisaa

Yoom gaye ganaa iyyee; biyyarraa ishii balleessaa

Waraabutti dammaqsee; sanyii gootaa firasaa

Malee wallaaleet mitii; lukkuun kan koo yeroosaa

Waraabu ishii joonjeetu; aarsee isa duchiisaa

Kormaan koo kanaaf jecha; dadammaaqaa nuu labsaa.

Anis dura hin hubanne; yaadaaf yaaddoo lukkuukoo

Maaliif galgalaan iyya; jedheen gaaffe abbaakoo

ih...ihh...ihhhi....; jedhee kokkolfee

Abbaankoo turees dafee; tokko lamaan sarare

Warra nucabse lafee; kufaatiisaaniit gayee

Dabareetu itti dhufee; kanaaf lukkuunkee iyyaa

Anaan jedhe kokkolfee; iyya hindaaqqoo galgalaa.

Waraabut’ ka'ee gala

Teessoosaatu isa jibbee ala ala ilaalaa

Warri darbes kan ammaas, kunoo akkasiin galaa

Abbaan karraa dhufuudhaaf, qoqophaa'a halaalaa

Kanaaf ammayyuu iyyii, yaa lukkuukoo galgalaa

Situ farrisee dhiibaa

Diina keenyas fooggalaa.

GODAANNISA
GODAANSAA

EENYUTU GUMAA NUU BAASA?

Diinni keenya diinuma; nu nyaachuuf nutti gamaa

Dhiiga keenya lolaasee; foon allaattii nyaachisee

Biyya abbaa keenyaarraa; ari'ee nu godaansee

Biyya abbaa keenyaatti; dutee nutti bookkisee

Nufalmachuuf olkaanaan; Saroota nu nyaachise.

Uummata harka duwwaa; Saroota nutti kaasee

Haadhaaf ilmoo ajjeesee; Abbaaf ilma yoom dhiisee

Duguuggaa sanyii namaa; ajjeechaa nutti labsee

Godaannisa hin banne; qoqqobbii nurra buusee

Diinni keenya diinuma; Waraabu nurraa yuusee

Eenyu gumaa nuu baasaa; hundumtuu nu nyaachisee

Osoo nu fira jennuu, dhiignis nu ficcisiisee

Firaa ta’ee alagaa; baruun nutti ulfaatee

Bool'a nutti qofforaa; nuwaliin mari'atee

Maaliin gargar qooddanna; sanyii Goobana Daaccee

Barruu keenyarraa nyaattee, alagaa jala kaattee

Ishiitu nugurguree; diina keenyaaf nu laate.

BIYYEEMOO BIYYATU...

Guuranii guraaranii; daraarashii ciranii

Ilil jechaa boochisaa; sagalee ukkaamsanii

Akka waan diidaa dhufee; ala itti agarsiisanii

Bishaan keessaa olbaatee; jechaatii goyyomsanii

Jiraachuutu nufala; jedhanii yoo yaadanii

Biyyeedhamoo biyyadha; kan fudhachuuf kaatanii

Akka waan abbaa biyyaa; biyyee lakkaawwatanii

Isa abbaa biyyaa ta'e; biyyarraa ari'anii

Biyyeef biyya abbaa qabu; maqaasaa jijjiiranii.

Adaamaa maqaa mishaa; " Naazireeti" jedhanii

Kan bishaanshii raajidhaa; Bishooftuu tuffatanii

Warri omaa irraa hin qabne; Dabra 'zayit' baasanii

Salphoon safaraa hin beeknee; Finfinneetti darbanii

Lakki 'Addisaabaa'; jechuun nutti falmanii

Bu'an hanga wallaggaa; maqaa hattuu baasanii.



Saamicha seenaaf lafaa; gubaa nutti kaa'anii

Gubadhee hin dubbatinaa; jedhu keessa bahanii

Biyyeedhamoo biyyadha; meekami kan isaanii

Akka waan abbaa biyyaa; kan maqaa nuuf baasanii

Salphoo soqolatte; soqolaa gargaaranii

Jedheet afaan qabatee; dubbii dhabe abboonnii

Waamuuf arrabsoo ta'e; maqaasaan moggaasanii

Dhiisuuf doorsisoot' jira; duubaan qawwee baatanii

'Addisaalamii' jechuun, waamicha saalfatanii

"Biyyeedhamoo biyyadha?", jedhan booda kansaanii

Labsii walitti labsuun, falmatan wal kaasanii.

Jijjiirraan biyyaaf biyyee; yaa dhaabbatu nuga'ee

Falmatan goonni Oromoo; Alamuunfaa olka'ee

Lammii hin gurgurru jedhee, gootichi Taaddee Birruu

Lafaafi lafee keenyaan; diinaaf garaa hin hirruu.

“Ka'i!” walitti labsee; Biyya hundaa wal dammaaqsee

Harargee warra Bakar; aariin garaa bobeessee

Diina lafaa fii lafee; saamuuf dhufe qaanessee

Murtii guutoo jechuudhaan; wal ‘jaaree itti marsee

Hedduun galaafatamus; kaayyoo diinaa fashalsee

Biyyaaf biyyee biyyasaa; iddoosaatti deebisee.

Jeneraal Huseen Buunee;quuqqaaf kan bakka’n laannee

Dubbii ‘*baalabbaatotaa’*; kan garaatti hin fudhannee

Saamicha lafaaf lafee; biyyeef biyyaaf hin sobne

Ka'ekaa biyya kaasee; gaara goonni korsiisee

Alagaa salphisekaa; dhagaan diina faccisee

Warra qawween dhaadatu; harka duwwaat’ hambisee

Warra shakkiin sussuku; dhugaan itti mul'isee

Reeffa *‘nafxanyaa’* guuree; daawwiif itti agarsiisee.



QAROO IJA KEENYAA

Ogeessa abbaa seenaa

Nutti himi madaa keenyaa

Hayyuu ilma abdii; jaarsa akaakaa keenyaa

Abbaa dubbii dhugaa; kan guutuu addunyaa

Addunyaa lafaa miti, adunyaa isa fageenyaa

Si jaamsuudhaaf kaatuu; yaa qaroo ija keenyaa

Hin baddu yoomillee; hin duutu hin dulloomtuu

Kan argite hundaa; hanga ragaa baatuu

Si'iin sin arganii; ofiif boolla qotuu

Isumatti dhumtii; warri diina keetuu

Kanaaf ati jirtaa; rakkoon sin mudatu.

Waallee sindandeechuu, warri waa facaastuu

Qaroo ija keenyaa, galmee keenya situu

Tokko lama jedhii, hundumaa galmeessii

At abbaa seenaatii, dhugaakee odeessii

Bukoo isa dhokatee, ta'uu ifa baasii

Kan dhoksaatti du'e, addunyaa agarsiisii

Harmee ilmooshii dhabdee, boochus nuu gabaasii

Kan du'eef kan gu'e, argii agarsiisii

Qaroo ija keenyaa, si jaallanna nusii.



HARMEE GOOTAA

Kaaneet’ goota farsinaa

Haadha dhiiraa ol kaasnaa

Dachee seenaan ol kaasee

Garaa Harmee yaadannaa

Dirree seenaa biqilchuu

Qeerransa qeerroo dhalchu

Biqiltuu magariisaa

Harmee gootaa faarsinaa

Situ faarfamuu qabaa

Nama hundumaa keessaa.

Galanni keedachaadhaa

Kabajnikee hin daanga'uu

Xiqqoon waa himuuf malee

Xummuruuf hin danda'uu.

Daangaankee natti cimaa, akkam jedheetan himaa

Seenaankee nibal'ataa, mitiim akka daa'imaa

Kan walakkaakee hin taanees, warri kaanis namumaa

Kan ilmoo gantuu deesses, gantuushiitiif haadhumaa

Adda godheetan faarsaa, harmeen gootaa yoomumaa.

Kaan sanyii facaasanii, waan biroo ol magarsaa

Keessaa haamanii fixuuf, sanyii gaarii buqqisaa

Faarfami haadha gootaa, yaa haadha sanyii dansaa

Oromiyaa naanna'ee, hunduu maqaakee labsaa

Hamtuun manakee hin gayiin, saa oolchu balaa tasaa

Sanyiikeerraa argannee, dachee jiituu lalisaa

Burqituu bishaan dansaa, seenaat’ maqaakee kaasaa.

Yaa haadha Taaddee Birruu, haadha goota Salaalee

Haadha gantuu Goobanaa, wajjiin eenyut’ madaalee!?



Seenaan ka'eedhaaf mitii, dubbiitu dubbii caalee

Ayii fi bagaa taatee, gaabbii oolee bubbule

Yeroo goonni baroodu, Gooban diinaaf hololee

Bahaa fii gala gootaa jala sussukee laalee

Diinatti nu gurguree, jiraa keenya awwaalee

Kanaafuu caalte harmeen, haati goota nuuf lolee

Ammayyuu at' faarfamii, du'aakeet' jiraa caalee.

Seenaakee ukkaamsuudhaaf, siidaakee awwaalanii

Kan warra goobantichaa, lallabu olkaasanii

Gantuutu gantuu faarsaa, silaas maal haa godhanii

Diina waliin nunyaachuu, diinumarraa baranii

Diqaalonni habashaa, har'as nurraa hin ciisanii

Dhiiga keenyaan jiraatuu, holola afuufanii

Haadha gootaa boochisuu, ilmooshii ajjeesanii

Baruuleesaa wajjiniin, gadi dhangalaasanii

Dhiigasaa allaattii, sarootas obaasanii

Yoo dhalashiitiif mar'attu, ishiis harma muranii
Ilmoosheef osoo boosuu, haadhas conqolaasanii
Ceephoo bara dhibbaa, dhaloota barsiisanii.

Jabaadhu haadha gootaa, ilmakeef hin booyinii
Inni hin duune ni jiraa, dhabe jettee hin gaddinii
Kumaatamaan dhaabbatuu, warrisiif birmatanii
Dhalakoon dhabe jettee, jabaadhukaa hin gaddinii
Seenaatu seenaa kaasaa, yoomuu ati nuuf boonii!

GODAANNISA GODAANSAA

HIN NYAADHU FOONKOO MUREE

Hin nyaadhu foonkoo muree, dhiigakootiin unadhee

Sagada ishii hin danda'uu, alagaa jala kaadhee

Kadhattuus qurciis mitii, hidda kiyyas qoradhee

Hin qabu mudaa sanyii, buluudhaaf foonkoo nyaadhee

Budaa sanyii bulguu, foonkootiif foonkoo nyaadhee

Tasuma ani hin buluu, qaamakoo muree nyaadhee.

Naquuqa cinaachakoo, onneekoo na madeessee

Na keessaa dhikkifataa, dhiignikoo na dammaksee

Akkaman muree nyaadhaa, eenyuuf jedhee of dhoksee

Seenaan boru maal jedhaa, dhala dhufuuf dabarsee

Keessikoo na komataa, inni of nanyaachisee

Hidda dhalootaa malee, kan bulguu nataasisee

Bor quba natti qabaa, namarraa adda baasee

Dhiignikoo dhangala'ee, irribarraa nakaasee

Badi du'i naan jedhaa, foonkoo yoon madeessee

Hin nyaadhu foonkoo muree,waadaa lammii murteessee.

Dhiignikoo nakomataa, alagaan maal dubbataa

Yeroon diinaa wajjiniin, of nyaadhu of unataa

Kanaaf hin nyaadhufoonkoo, dhugaa waadaa dhalootaa

Hin ta'u sanyii bulguu, an sanyiin sabboontotaa

Seenaatu na himataa, ekeraakoot’ gubataa

Reeffakootu gad bu'ee, waan kolfaatu dhalataa

Daadhii haadhuguun hafee, abaarsat’ na simataa

Seeraa uumaa yoon cabse, Uumaan natti mufataa

Hin nyaadhu foonkoo muree, foonkootu foonkoo baataa.



GUMAA BIQILTUUKEE

Biyyoo biyya gootee, marga irra facaastee

Akka miidhaguufis, keelloo magarsitee

Wal qixxees hin goonee, gariin diriirsitee

Kaanis tulluu uumtee, kaan irra ejjettee

Akka hin mul'annetti, kuunnoo bilee buustee

Siif huggum yaa uumaa, kan akkas goggootee.

Kan waarroo fakkaatus, gubbaarraan numarsee

Hamaa nuu ol jiru, nu irraa daangessee

Warra dhabaa miidhus, kaan gubee balleessee

Kaanis burjaajessee, jiraashii qaajjessee.

Guyyaan bayee fiigsaa, waraabu dawweessee

Hundumtuu isa harkaa, ni qaba galmeessee

Roobus kan fedhasaa, manatti oldachaasee

Fedhu roobuu dhiisee, hongee itti buusee

Huggum yaa waaqayyo, yaa uumaa si faarsee.

Addunyaakee bal'oo, daandiikee ishii qal'oo

Kan isa baargamaa, fagoo abbaa seem'aloo

Bifaan yoo madaalles, fufurdaaf qaqal'oo

Yoo kaasan hin dhumuu, waa'eesaa leecalloo

Huggum ajaa'ibaa, nadhibeera maaloo

Asii gugurraacha, gamaa diimaaf adii

Maalumaaf nugoote, halluu bifa sadii

Silaawoo nu uumtee, mee nutti gammadii

Nukeessaa mancaasi, gantuu gadi badii

Isa guyyaa fiigu, Waraabessa adii

Dacheekee ganamaa, biqiltuushii ciree

Duwwaatti hambisaa, maal jettaree uumaa

Imimmaan dameesaa, baala isa harca'ee



Baduu gaaddisa isaa, sanyii isa manca’ee

Gadoosaa baastamoo, booyeetuma dhiisaa!?

Gumaa biqiltuu kee, sumatu deebisaa!?

KOO HIN KENNU KEE HIN FEDHU

Kan aabboof aayyoon beekan; hiikanii kana jechuuf
Tolaaf badhaasaa dhiisee; Gabreef Waldee ofiin jechuuf
Lalisaa fi magarsaa; Tolaaf beekaa tuffachuuf
Hin fedhu of jijjiiruu; maqaa alagaa baachuuf.

Abbaan koo kan hin beekne, harmeenis hin dhageenye
Anumaafuu kan naan galle, maqaan hiikasaa hin beekne
Maafan ittiin waamamaa, hin fedhu hin fudhannee
Haagaltu abbaashiitti, du'eera yoon koos kenne.

Abbaankoo isa qulqulluu, Oromticha isa dhugaa
Maafan baadhee jooraree, ani maqaa alagaa
Waanan baadhu dhabullee, baadhee’n jaanja'uu dhagaa
Isatu irra salphataa, ta'uukoorra waan bagaa.



Eenyutu naguddisee, anoo eenyun guddisaa

Maqaa alagaa baadhee, mee eenyun garaa ciibsaa

Waajjira eenyuu galuutu, maqaa ormaa naa baasaa

Kee’n fudhu koo’n kennuu, Waldeen nan waamiin tasaa

Walatteekees hin beeku, dhalattee intalaa malee

Maqaan ati naa baastu, tasumaa kan naa hin galle

An of beekee dhiisiitii, walaaluyyuu naan malle

Daraartuu fii Magartuu, kanneen eenyut’ awwaalee

Animmoo du'a lubbuu, du'eetan bada malee

Tasumaa kee’n fudhadhu, kan koo Beekaa awwaalee

Gabreekee fi waldeekee, Abboof aayyoot wallaalee

Hin rakkisu maatiikoo, kankeen siif galcha malee.

Barii yoon manaa bawuu, fuulakoo dhidhiqadhee

Kan Odaan kukkuulame, wayyaa aadaa uffadhee

Waan seenaa oromummaa, suuraa sammuun kaafadhee

Sabboonaa Oromtichaa, Oromoorraa dhaladhee

Maqaankoo faallaa taanaan, du'ekaa nan salphadhee

Koo’n kennu kee’n fudhuu, waadaadha nan kakadhee

Hin baadhu waan alagaa, kan kootti saalfadhee.

Kaan Arabaa as ceyee, maqaasaa natti fe'ee

Jarri warri Israa'eliis, naa baasuuf gojoma’ee

Ani maqaa hin baafadhuu, kankoo maal natti ta'ee

Kan darbeefuu dhiifamaa, gurra muraan na ga'ee

Kee’n fudhu koo’n kennuu, yoom maqaan maqa ta'ee!?

Waadaadha waadaa seenaa

Imimmaaniif imaanaa

Maaltaanaan ari'amnaa

Maqaa ormaan maa boonnaa

Karaa tokkoon of miidhaa



Alagaa maal komannaa

Sabboontummaan waa guddaa

Waa hundaan jijjiiramnaa

Maqaa ormaa galchinee

Isa beeknuun waamamnaa

Maqaa galtuu baafannee

Maaliif galtuu of goonaa

Hin fudhu jedhee didee

Kan ormaan nan waaminaa!

DURIS NUUF HIN TOLLE

Qabna madaa garaa kan yoomuu'n daganne

Godaannisa akka tasa kan hin quufne'n hooqqanne

Kan barri dheeratuullee nurraa addaan hin cinne

Godambaa seenaa kalee, kan nu itti miidhamne

Hin dagannu yoomillee isa jaraan miidhamne

Isa miidhamaas jirru, madaa yoomuu'n qoorre

Warra sanyii ciru, warri garaan harree

Duris nuuf hin tollee har'as of hin barree!

Tolaa fakkaatanii, nutti ofmoggaasanii

Kaleessas nu nyaachaa, har'as "h.a.a" jedhanii

Nutti hamuummatuu, yoomuu nuun tolanii

Duris nuuf hin tolle, har'as yoom ciisanii

Duguuggaa sanyiitiif, afaan bal'isanii

Waraabessa guyyaa, deemu fakkaatanii

Dadhaban bakakkaa, '*inxooxxoo*' ciranii



Madaa barruu keessaa taate dubbiinsaanii

Duris nuuf hin tollee har'as nuunciisanii

Dadhabneerra nutis madaa gochaasaanii

Dubbii Guullalee, Ekkaaf warra kaanii

Hin kaasu nan dhiisaa Aanoleef kan kaanii

Calii Calanqoofaa hedduudha madaanii

Duris nuuf hin tollee diinumadha diinnii.

Kan darbe osoo raajnuu, dubbiin biroo dhufee

Kan madaa kaleessaa, dammaqsu isa fafee

Dubbii dubbii koree, yaabbiin lafat’ hafee

Godaannisa seenaa, seera cabduut’ dhufee

Kan barataan ba’ee, osoon galiin hafee

Qara laala haadhaa , harmee jechuun hafee

Reeffa alaa galuun, muudaan madaa dhufee

Kaleesas gubanneerra, har'as maaltu hafee

Madaa mudaammuddiin mogoleen nulaafee

Ni baafanna gadoo bara barri dhufe.

OSOO DACHEEN DUBBATTEE

Buburree baattee deemtu, icciitii garaa keessaa

Gochaawwan uumamtootaa, gaariis badaas hundasaa

Kan ajjeesee awwaales, saamtuu halkan duumessaa

Isa bool'a qofforu, awwaalcha obboleessasaa

Isa deemee odeessu, bahaaf gala lammiisaa

Isa waraabu ta'ee, nama nyaatu hundasaa

Osoo dacheen dubbattee, ni dhageenya dhugaasaa.

Kan du'e jennee hin boonye, kan jira jenneen teenye

Isa bayee dhabamee, kan nuu galuu hin dandeenyee

Kan nu barbaadnee dhabnee,biyya hunda waliin geenyee

Osoo dacheen dubbattee, bakka jiru dhageenyee.

Kiyya kiyyaa abeenyaa, bu'aaf faayidaa dhoksaa

Anatu kana godhee, icciitii garaa keessaa

Bu'aa bayii dhokataa, booyicha haadha hiyyeessaa



Abbaa haqaa abbaa dhugaa, beekaa isa ogeessaa

Maal akka gochaa jiruu, hicciitii hundumasaa

Osoo dacheen dubbattee, silaa maa nurakkisaa.

HIN TA'UUF MALEE SILAA...

Osoo Taaddeen ol ka'ee, Oromiyaa mil'atee

Osoo ekeraan Waaqoo, ka'ee xiqqoo dubbatee

Osoo Alamuu Qixxuu, haala Jalduu hubatee

Ekeraan goota darbee, osoo nutti birmatee

Hin ta'uuf malee silaa, diinnuu nurraa rifatee.

Bakar waareen nuu galee, Harar kaasee osoo lolee

Garasuu ilmi Dhukii, osoo deebi'ee galee

Abdiisaa ilmi Aagaa, Abiisheen osoo lolee

Gootichi yeroo dhiyoo, Eebboon osoo nulaalee

Huseen Buuneef Aliyyiin, osoo har'a nuugalee

Jaarraa Abbaa Gadaa-faa, hunduu osoo nu galanii

Hin ta'uuf malee silaa, diinni dur godaananii.

Hin galle sanyiin gootaa, sanyii goobanaa malee

Warra foon ofii nyaattu, warra diinni itti malee



Foonshii qaamarraa muree, afaansheetti cuqqaalee

Hin ta'uuf malee silaa, osoo hunduu oflaalee

Gootonni keenya kaka'ee, awwaalas diigee galee

Diinni keenya qaanoftee, ijjishee lafa laalee.

Dhiigni wareegamtootaa, ekaraan goota dhumee

Oromoof Oromiyaa, tokkichuma qunnamee

Osoo ka'ee dubbatee, hasaa’ees gugungumee

Waan biraa hin ta'u tasa, abjuutu seenaa dhaamee

Hin ta'uuf malee silaa, abjuun keenya dhugoomee.

KA'AAKAA OROMOO...

Ka'aakaa Oromoo sareen nuciniintee

Manaa'eegdu jennaan abbaa manaa taatee

Karra dura hin taa'uu jettee ol dabartee

Diinqa nuciistekaa mana fafeessitee

Koottuu bayi jennaan diddee nuciniintee

Kana dandeessaaree sabakoo callistee

Buusi diinqa keerraa saree hoolaa seetee.

Qabadhu eebookee fudhu gaachanakee

Maaliif roorrifamtaa saamamtee borookee

Garaan sinaaruuree yoo yaaddu duubakee

Biyya burqaa gootaa turte bar dacheenkee

Har'awoo akkamiin kennita biyyakee

Ka'ii yaasi malee saroota manakee

Maaf ol dabarsitaa baastee ijoolleekee

Biyya Taaddee Birruu biyya Bakar Waaree



Oromoo akkamiin diinaaf kennitaree

Ekeraan goototaa kana maal jedharee

Waadaadha ol ka'aa qeerroo garaan aaree

Sirna gabroomfataa kan gabroomsuu baree

Hundeedhaa buqqisna jedha hunduu of baree.

Humnan qaba jettee, diinnikee of tuultee

Dhiiga ilmaan keetii dacheerra lolaastee

Kunoo dhugaa jirtii asiif achi deemtee

Saroonni kaleessa manatti si galtee

Abbaa manaa nyaattii kunookaa raatoftee

Waraanii ajjeesii diina maa guddistee

Gara laafummaadhaaf garaa of hanqattee

Lubbuushii hin baastuu eebookee darbattee

Hin gorraatuu dhiiroo bodeekee qarattee

Garaan maa silaafaa kankee yoom sii galtee

Ijoolleenkee ishiin balaa kanaan dhumtee

Warra garaan laafneef maaliif garaa laaftee!?

DACHEE MANA HIDHAA.....

Bakka waaqaaf lafti; itti araaramu

Lafa doofaan dhaqee; achitti qaroomu

Bakka jibbi badee; jaalalli itti uumamu

Keessaa adda baatee; maaliif abaarramte

Dachee mana hidhaa; '*Si'ool'* maafakkaattee!?

Dachee Mana Hidhaa!?

Salphoo gadi badii; Beekaa ukkaamsitee

Osoo ifti jiruu; dukkana hawwitee

Garaakee keessatti; boolloo qofforattee

Goondaa fi waan badaa; soorta abaarramtee

Dachee mana hidhaa; hidhaakee baattattee.

Dachee Mana Hidhaa!

Ilmaan Oromootiif ; galma guddaa taatee

Hayyuu beekaa biyyaa; achitti ukkaamsitee



Isa kaan qaama hir'uu; kaanis kaan goggootee

Meejedhi dubbadhu; nama meeqa fixxee

Dhiiga isaanii dhugdee; foonsaanii murattee

Dubbadhukaa jedhi!

Dachee mana hidhaa; maali maaf calliste??!

Du'uu moo Ajjeesuu?

Yoo garaan rafuu didee; gaararra nama joorsee

Yoo barri darbuu didee; ittuu nama raatessee

Yoo beekaan bakka dhabee; doofaadhaaf gad lakkisee

Yoo imimmaan hiyyeessaa; lakkuu lakkuu mirgisee

Yoo roorroon alagootaa ; daran nama rakkisee

Yoo uleen abbaa ormaa; qaama nama quncisee

Mataatti nama ejjechuun; yoo boquu namaa cabsee

Hunduu ofii guddachuuf, yoo gad nama deebisee

Du'uumoo ajjeesuudhaa; kam wayya narakkisee

??????????????????????

Yoo du'an biyyee ta'uu; garaa dachee lixanii

Ajjeesan biyyaa bawuu; firaan adda citanii

Diina namaan taphatte; biyyee ishiif laatanii

Garaa kanshii guggubuu; kan ofii hidhatanii

Duuti tun garuu sobaa; homaayyuu hin arganii

Akkashiit dhiba malee; Du'a maal filatanii!???????



Biyyaa baatu sii darbaa; yeroodhaaf sidhiphisee

Duunaan ni dagatamtaa; bullukkoo sirra buusee

Inni kalee si nyaatuu; waraabu sirraa yuusee

Ekeraakeerraa iyyaa; boolla qilee sibuusee

Imimmaan bara baraa; lammii hafan boochisee

Akkasiin sigadachaa; gaafa duuti simarsee

Abbaa biyyummaa isaa; sobaan gaafa dhugoomsee

Du'uumoo ajjeesuudha; Kan wayyu naraatessee!?

!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!

Kanaaf ajjeesuu wayyaa; du'uun maal abbaashiitii

Uleen abbaa isa ormaa; maalummaa nama miitii

Cabsuu osoo danda'anii; maaliif nama cabsitii

Du'uu hin wayyu ajjeesaa; filannoon nama miitii

!!!

Maal Nuu Wayya Dhiiroo?

Maal nuu wayya dhiiroo; silaawoo bitamnee
Kophee alagaatiin; gadi dhidhiitamnee
Har'is kaleessumaa; jarri omaa nundhiisnee
Borusoo har'a ta'aa; yoo callisnee dhiisnee
Gabrummaan nuntartuu; nus jaarraa lakkoofnee
Dhiiroo haga yoomii; jiraanna gabroomnee
Warra Alagaa jalatti; mormaan gadi jennee
Dhiiroo malli maali; silaa waxalamnee
Of baruu hin dandeenyee; jarri safuu hin beekne

Diina nugodhattee; foon murtee nu nyaattee
Dhiiga nu lolaasaa; ittiin habbuuqqattee
Huggum yaa gabrummaa; kan nutti taphattee

Yaa hirree tokkummaa, madda bilisummaa
Situu barbadeessu, harqoota gabrummaa.

GODAANNISA
GODAANSAA

ADUU WAAQAA

Yaa abidda waaqa keessaa

At' aduumoo addeessaa

Xiqqoo taatee achi teessee

Biyya hunda waliin geessee

Gubdee gubdee waxaltee

Nyaara guurtee qorritee

Guyyaa guyyaa mul'istee

Halkan immoo dhoksitee.

Safuu!

Yaa'bidda waaqaa

Eenyut' achii si haqaa

Adii gubdee, goota qaqaa

Gadis buutee, laalta dhooqaa

Gaaras baddaa, situ dhaqaa

'Huggum!' jedhee siif ajaabee

Waaqa kortee siif huggumee

GODAANNISA GODAANSAA

Xiqqoo taatee waaqa baatee

Biyya hunda kan ibsite

Dukkanooftee suuta lixxee

Of dhoksitee, nus golgite.

****

Suuta suutaan halaalatti , tirikaakee balaq gootee

Ani dhufee ka'aa jettaa , haadha gabaa galtu taatee

Ampuuliinkee qarshii meeqaa, eenyumatoo sitti bitee

Huggum ibsaa Waaqaa, ajaa'iba natti taatee

!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!!



Galata!

Uumaa hundaa gooftaa, ati hunda beektaa
Hir'uu keessa namaa, yeroo eegdee guuttaa
Gurraacha garaa garbaa, siif laadhe galataa
Hooqubaakee fudhu, situ nuuf dhaabbataa.

Qaxalee kormee ilmaa, Hambaasan sanyii namaa
Kutattuu garaa qaxii, rakkookoo narraa fixii
Jedhee itti hasaasee, suutuma gurra buusee
Gulaallii fi funaannii, isatu qiqindeessee
Hoodhuu fudhu galata, harka lamaan siikennee
Lafa garaakee gayi, waanta yaaddes milkaa'ii!

Haahiluu galatoomi, sit Hambaatti nafidee
Booyicha bara dheeraa, dhiphuukoo situ didee

Hundumtuu galatoomaa, warri naaf dhamaatanii
Guutuu, Abbee/Biiftuu/ Saamii; Gammeef warri haftanii.

Bu'uura as ga'uukoo; sin dagadhu qaamakoo
Ba'aakoo situ baatee, naaf jiraadhu Masiikoo.

Harmee koo haadhakoo
Hundee uumamakoo
Anaaf saree taatee, firaan addabaatee
Galata argadhu, innuu ni xiqqaatee.

Joorgee intala Fiixaa, harmeekoo ni boontaa

GODAANNISA GODAANSAA

Halkanii fi guyyaa , naaf yaaddee yaaddoftee
Iddoon ani jiru, hiyyaafattee dhuftee
Beekaa eessa jirta, jettee ishii boossee
San yoomuun dagadhu, Qanookoo dhageessee
Amma galatoomi, anis boowuu dhiisee
Haadhookoo Qananii, Sin jaaladha cimsee.

Hunduu galatoomaa yaa obboleyyankoo
Bokii fi Waaqumaa maatiin eessummankoo
An hin duune jira, ni beektu seenaakoo
Yaa Abbeera kiyya yaa lammii Hordofaa
Fayyisaa Ijaaraa maqaankee maaf hafaa
Galatakoo fudhaa hin buusinaa lafaa!

Bara jireenyakoo, ishii dukkanooftuu
Siniinan hulluuqee, qaanqee ishii waxaltuu
Garaakoo sin faarsaa, beela'eera hin jettuu
Wal'aansoo ulfaataa, sana keessa teessee
Dadhabe osoo hin jedhiin, yaada qindeessitee
Sammuukoo sin faarsaa, seenaa na seensistee
Barsiisaa qubeekoo atis galatoomii
Seenaan seera tumaa bilisoomii coomii!!!!



HORAA BULAA DEEBANAA
MISAA LATAA DARAARAA
AADAAF AFAAN KEESSAN BEEKAA!
TOKKO TA'AA WAL

ELAAMEE....

DUBBISAATII NAA QEEQAA
YAADA KEESSANAN EEGAA
BADII KOOF NA OOFKALCHAA
SIRREESSAA NAAF TOTTOLCHAA!

BEEKAA IJAARAA HORDOFAA, Finfine Oromiyaa/2016 G.C